# ERGAA PHAAWULOOS
# GARA XIMOOTEWOOSIITTI ERGE - 1ffaa

1 Phaawuloos isa karaa ajaja
fayyisaa keenna Waaqay-
yootii fi ajaja abdii keenna Ye-
suus Kiristoosiitiin Ergamaa
Kiristoos Yesuus ta'e irraa;
2 Gara Ximootewoos kan karaa
amantiitiin[a] ilma kiyya isa dhugaa
ta'eetti;
Waaqayyo Abbaa fi Gooftaa
keenna kiristoos Yesuus irraa
Ayyaanni, araarrii fi nageenni
siif haa ta'u.

**Barsiistoota Dharaatiin mormuu**

3 Akkuma ani yeroo Maqe-
dooniyaa dhaquuf ka'etti si
gorse sana akka namoonni tokko
tokko barsiisa dharaa hin barsi-
ifne dhowwuuf jettee akka ati
Efesooni turtu nan barbaada.
4 Akkasumas akka isaan oduu
hundee[b] hin qabne dubbachuu fi
hidda sanyii kan dhuma hin
qabne sana lakkaawuu[c] dhiisani
isaan gorsi; wanni kun qooda
hujii Waaqaa kan karaa aman-
tiitiin dhufu guddisuu mormii
kakaasaatii. 5 Kaayyooni ajaja
kanaas jaalala garaa qulqulluu,
qalbii gaarii fi amantii uf-jaja hin
qabne keessaa bawuu dha.
6 Namoonni tokko tokko karaa
kana irraa badanii gara dubbii
faayidaa hin qabneetti gara-
galaniiru. 7 Isaanis maal akka
jedhan yookiin akka waayee
maalii cimsanii dubbatan otoo
hin hubatin barsiistota seeraa
ta'uu barbaadu.
8 Yoo namni sirriitti[d] itti fay-
yadame seerri gaarii akka ta'e ni
beenna. 9 Kana malees seerri
warra seera cabsanii fi fincil-
tootaaf[e], warra Waaqa malee
jiraatanii fi cubbamtootaaf,
warra qulqulluu hin ta'inii fi
xuraawootaaf, warra abbaa
isaaniitii fi haadha isaanii ajjees-
sanii fi warra nama ajjeesaniif
malee akka qajeeltootaaf hin
kennamin ni beenna. 10 Akkanu-
mas seerri namoota ejjitootaa[f] fi
dhiiroota dhiira waliin sagaa-
galaniif[g], warra garba daldalanii
fi warra soba dubbataniif, warra
dharaan dhugaa bayaniifi[h] warra
barsiisa dhugaatiin morman hun-
dumaaf akka kenname ni beenna.
11 Barsiisni dhugaa kunis wan-
geela ulfinna qabeessa kan Waaqa
eebbifamaa irraa imaanaa nutti
kenname sana wajjiin walii gala.

[a] 2 ykn *dhugeeffachaatiin;* [b] 4 ykn *yayyaba;* [c] 4 ykn *heduu;* [d] 8 ykn *akka dansaa;* [e] 9 ykn *finqiltoota;* [f] 10 ykn *hawadattootaa;* [g] 10 ykn *middiisoman;* [h] 10 ykn *dhugeessaniifi/rageessaniifi*

**Ayyaana Gooftaa Kan Phaawuloosiif kenname**

12Waan inni tajaajila[i] isaatiif na filatee akka nama amanamaatti na lakkaa'eef ani Gooftaa keenna Kiristoos Yesuus isa jabeenna naa kenne sana nan galateeffadha. 13Ani yoo kanaan dura maqaa isaa balleessaa, isa gaargalchaa[j] fi isa arrabsaa turellee sababii ani walaalummaa fi amantii dhabiisaan waan kana hojjadheef araarri naa godhameera. 14Ayyaanni Gooftaa keennaas amantii fi jaalala karaa Kiristoos Yesuusiitiin argamu waliin akkamalee baay'atee narratti dhangalaafame.

15Dubbiini, "Kiristoos Yesuus cubbamtoota fayyisuuf gara biyya lafaa dhufe" jedhu sun amanamaa dha; Namni hundinuus kana fudhachuu qaba; Cubbamtoota sana keessaas cubbamaan cubbamtoota hunda caalu ana. 16Ta'us sababuma kanaaf Yesuus Kiristoos akka ani warra jireenya barabaraa argachuuf isatti amananiif fakkeenya ta'uuf ana nama cubbamtoota mara caalaa cubbamaa ta'een obsa isaa kan dhuma hin qabne sana muldhisuuf jedhee araara naa godhe. 17Egaa mootii barabaraa, isa hin duune, isa ijaan[k] hin argamne, Waaqa tokkicha sanaaf baraa hanga barabaraatti ulfinnii fi galanni haa ta'uu; aamiin.

18Yaa ilma kiyya Ximootewoos, akkuma raajii[l] kanaan dura waayee kee dubbatame sanaatti, akka ati isa hordoftee lola gaarii loltuuf ani ajaja kana sii kenna. 19Kanas amantii fi qalbii qajeelaa qabaachuun godhi; namoonni tokko tokko waan kana gochuu didanii amantii isaanii balleessaniiru. 20Hemenewoosii fi Iskindiroos warri ani akka isaani Waaqa arrabsuu dhiisuu barataniif dabarsee Sheexanatti kenne sun isaani keessatti argamu.

**Qajeelcha Waayee Waaqeffannaa irratti Kenname**

2 Egaa ani akka waammanni, kadhannaan, namaaf kadhachuu fi galanni maqaa nama cufaatiin dhiyeeffamu duraan dursee nan gorsa. 2Nus akka Waaqa sodaachuu hundumaan, ulfinnaanis jireenna nagayaatii fi gabiin[m] jiraannuuf moototaa fi warra aangoo[n] qaban hundumaafis akkasuma haa godhamuu. 3Kunis gaarii dha; fuula Fayyisaa keennaa Waaqa durattis fudhatamaa dha. 4Waaqayyo akka namni hundinuu fayyuu fi akka dhugaa beekuu biras gawu barbaada. 5Waaqni tokkumattu jiraatii; kan Waaqaa fi nama walitti fidus

[i]12 ykn *hujii;* [j]13 ykn *ariyachaa/ baqachiisaa;* [k]17 ykn *ilaan;* [l]18 ykn *dubbii raagaa/himana;* [m]2 ykn *qabbanaan;* [n]2 ykn *guddinna*

tokkichuma; innis Kiristoos Yesuus isa nama ta'e sanaa dha. 6 Yesuus kunis isa furii ta'ee nama cufaaf dabarsee uf-kennee dha; kunis yeroo isaaf murtaayetti mirkaneeffameera. 7 Sababii kanaaf ani lallabaa fi ergamaa, namoota ormaatiif immoo barsiisaa amantii[o] dhugaa ta'ee muudameera. Ani dhugaa dubbadha; hin sobus.

8 Kanaaf ani akka dhiironni lafa hundumaa jiran dheekkamsaa fi wal-mormii malee harka qulqullaawaa ol fudhatanii Waaqa kadhatan nan barbaada.

9 Akkasumas dubartoonni akka hinmalletti mataa dha'achuun, warqii yookiin lula[p] naqachuun yookiin uffata gatii guddaa uffachuun otoo hin ta'in akka uf qabuu fi saalfannaan ta'utti uffatanii akka uf midhaassan nan barbaada. 10 Isaanis akkuma dubartoota, "nu Waaqa sodaanna" jedhaniitti waan gaarii haa hojjatanii.

11 Dubartiin waan mara keessatti waan maraan ajajamuun caldhistee haa barattuu. Dubartiini akka cal-dhistu malee akka barsiiftu yookiin akka dhiira irratti aangoo qabaattu ani hin eeyyamu. 13 Sababiin isaa jalqabatti Addaamittu uumameetii; Hewaan ergasii uumamte. 14 Tan gowwoomfamtee cubbuu hojjattes dubartittii dha malee kan gowwoomfame Addaamii miti. 15 Ta'us dubartoonni yoo uf-qabanii amantiin, jaalalaa fi qulqullinnaan, jiraatan ijoollee dawuudhaan ni fayyu.

### Phaaphaasotaa fi Daaqonoota Waldaa Kiristaanaa

3 Dubbiini,"eenyulleen yoo Phaaphaasii[q] waldaa kiristaanaa ta'uu hawwe, inni hujii gaarii hawwa" jedhu sun amanamaa dha. 2 Egaa Phaaphaasiin tokko nama mudaa[r] hin qabne, nama haadha manaa tokkittii qabu, amal-qabeessa, hubataa, kabajamaa[s], kan keessumaa simachuu jaalatu, kan barsiisuu danda'u, 3 Nama hinmachoofne, nama goolii[t] kaasu otoo hinta'in nama nagayaa kan lola hin jaalannee fi kan maallaqa[u] hin jaalanne ta'uu qaba. 4 Innis ijoollee isaa kanneen karaa hundumaan namaa ajajamanii fi nama kabajan godhee guddisuun nama maatii ufii sirriitti[v] bulfatu

[o]7 ykn *dhugeeffachaa;* [p]9 ykn *dooqa/ callee;* [q]1 ykn *tissituu/toowattuu;* [r]2 ykn *hirdhinna;* [s]2 ykn *nama ulfinna qabu;* [t]3 ykn *woraana;* [u]3 ykn *beessee;* [v]4 ykn *karaa qajeelaan*

**2:9** - *Mataa dhawame* - Hujiin kun hujii dubartoota Girikiitii fi Roomaa keessatti akka malee beekameedha; mataan dhawame sun buqqee mataa irraa ol ba'ee yeroo baay'ee haada (sansalata) warqiitiin yookaan lulaatiin walkeessa foo'ama ture.

ta'uu qaba. [5]Namni tokko yoo maatii ufii isaa akka itti bulfatu hin beenne inni akkamitti waldaa kiristaana Waaqayyoo eeguu danda'aa? [6]Inni akka uf-jajuun afuufamee murtii Daabiloositti murteeffame sanaan hin kufneef[w] nama dhiyoo amane[x] hin ta'in. [7]Innis akka hin tuffatamnee fi akka kiyyoo Daabiloosi keessattis hin kufneef warra hin amanne biratti maqaa dansaa haa qabaatuu.

[8]Daaqonoonnis akkasuma namoota kabajaman, warra afaan lama hin dubbanne, warra dhugaatii daadhii wayiniitiin hin fudhatamnee fi warra karaa hin malleen bu'aa argachuuf hin tattaafanne ta'uu qabu. [9]Garaa qulqulluunis dhossaa amantii jabeessanii qabachuu qabu. [10]Isaanis duraan dursanii haa qoratamanii; ergasiis yoo mudaani tokkolleen isaani irratti hin argamin daaqonoota ta'anii haa tajaajilanii.

[11]Akkasumas dubartoonni kabajamoo, kanneen maqaa nama hin balleessine, amal-qabeeyyii fi waan maraan amanamoo ta'uu qabu.

[12]Daaqoniin tokko dhiirsa niitii tokkittii, kan ijoollee isaatii fi maatii ufii sirriitti bulchu ta'uu qaba. [13]Warri daaqonummaan sirriitti tajaajilan[y] ulfinna guddaa, amantii Kiristoos Yesuusitti qabaniin ammoo ija[z]-jabeenna guddaa argatu.

[14]Ani akka dafee gara kee dhufu abdadhee xalayaa kana sii barreessa. [15]Kanas tarii yoo ani ture, namni tokko akkamitti akka mana Waaqayyoo keessa jiraachuu qabu akka beettuufin sii barreessa; manni Waaqayyoo kunis waldaa Waaqa jiraataa isa utubaa fi hundee[a] dhugaa ta'ee dha. [16]Nama Waaqayyoo ta'uuni shakkii tokko malee dhossaa guddaa uf - keessaa qaba; kunis,

Inni fooniin muldhate;
hafuuraan mirkaneeffame;
Maleekkotaan argame;
Namoota ormaa keessatti lallabame;
Addunyaa mara irratti itti amaname;
Ulfinnaan ol-fudhatame.

## Qajeelfama Ximootewoosiif Kenname

4 Akka bara dhufuuf jiru keessa namoonni tokko tokko hafuurota dharaatii fi barsiisa jinniiwwanii hordofuudhaan amantii[b] dhiisan Hafuurri Qulqulluuni[c] ifa baasee dubbata. [2]Barsiisni akkasiis karaa namoota itti fakkeessuudhaan sobanii warra qalbiini isaanii akka waan gubaan gubameetti hadoodeetiin dhufa. [3]Sobdoonni

[w]6 ykn *hinjinneef;* [x]6 ykn *dhugeeffate;* [y]13 ykn *hojjatan;* [z]13 ykn *adda;* [a]15 ykn *yayyaba;* [b]1 ykn *dhugeeffachaa;* [c]1 ykn *ayyaanni woyyuu*

kunneenis fuudhaa fi heeruma dhowwu; Nyaata Waaqni akka warri amananii fi warri dhugaa beekan galataan fudhatanii nyaataniif jedhee uume sanas akka namoonni lagatani ajaju. [4]Wanni Waaqni uume hundinuu waan gaarii ta'eef yoo galataan fudhatame wanni gatamu tokkolleen hin jiru; [5]Wanni sun dubbii Waaqaatii fi kadhannaadhaan qulqulleeffameeraatii.

[6]Atis yoo ajaja kana obboleeyyanitti himte Kiristoos Yesuusiif tajaajilaa[d] gaarii taata; dubbii amantaatii fi barsiisa hordofaa turte sanaanis guddachaa deemta. [7]Tapha xuraawaa fi oduu beeraa irraa fagaadhu; qooda kanaa nama Waaqaa ta'uuf uf - leenjisi. [8]Leenjiini qaamaa[e] faayidaa diqqaa qabaatii; nama Waaqaa ta'uuni garuu jireenna ammaatiifis jireenna dhufuuf jiruufis waan waadaa[f] uf -keessaa qabuuf waan maraaf fayyada.

[9]Dubbiini kunis amanamaa fi dubbii guutumaan guutuutti fudhatamuu qabuu dha. [10]Sababii abdii keenya Waaqa jiraataa isa fayyisaa nama hundaa keessumattuu fayyisaa warra isatti amananii ta'e sana irra keewwanneef nuus kanaaf jennee ni dadhabna; ni tattaafannas.

[11]Waan kana ajaji; barsiisis. [12]Ati dubbiidhaan, amalaan, jaalalaan, amantii fi qulqullummaan warra amananiif fakkeenna ta'i malee namni tokkoyyuu dargaggummaa kee hin tuffatini. [13]Hanga ani dhufutti kitaaba namaaf dubbisuutti, gorsuu fi barsiisuutti jabaadhu. [14]Kennaa hafuuraa isa yommuu jaarsoliin harka isaanii sirra kaayanitti ergaa raajiitiin[g] sii kenname sana hin dagatini[h].

[15]Waan kanattis jabaadhu; akka namni cuftinuu guddachuu kee arguufis guutumaan guututti itti uf-kenni. [16]Jireenna keetii fi barsiisa kee eegadhu; Ittis jabaadhu; waan kana gochuu keetiinis ufii keetii fi warra si dhagayan ni fayyiftaatii.

**Gorsa Adda-Addaa**

**5** Jaarsa akka waan inni abbaa kee ta'eetti gorsi malee akka malee hin rifachiisini; dargaggootas akka obboleeyyaniitti simadhu. [2]Dubartoota umriidhaan[i] fagaatan akka haawwaniitti, dubartoota umrii dargaggummaa keessa jiranis akka obboleettotaatti qulqullummaa guutuun simadhu. [3]Niitota dhiirsoonni irraa du'an kanneen dhugumaan rakkattoota ta'an kabaji[j]. [4]Garuu niitiini dhiirsii irraa du'e tokko yoo ijoollee yookiin ijoollee ilmaanii

[d]6 ykn *hojjataa;* [e]8 ykn *nafaa;* [f]8 ykn *kakuu;* [g]14 ykn *himanaatiin/dubbii raagaatiin;* [h]14 ykn *hin dedhin;*[i]2 ykn *nadheeni gannaan;* [j]3 ykn *ulfeessi;* [k]4 ykn *dhugeeffachaa*

qabaatte ijoolleeni kunneen maatii isaanii gargaaruu fi warra isaaniitiif liqee deebisuudhaan amantii[k] isaanii hujiin mudhisuuf duraan dursanii barachuu qabu; kun fuula Waaqayyoo duratti fudhatamaadhaatii. 5 Niitiini dhiirsii irraa du'e tan dhugumaan rakkattuu taatee fi kophaa isii hafte abdii isii Waaqa irra keewwattee halkanii guyyaa kadhachuu fi gargaarsa Waaqaa gaafachuu itti fufti.

6 Niitiini dhiirsii irraa du'e tan gammachuu gad-dhiisiitti uf-gattu garuu otuma jirtuuyyuu duuteerti. 7 Akka namni tokkoyyuu mudaa[l] hin qabaanneef ajaja kanneenis kenni. 8 Namni firoota isaa keessumattuu misseensota maatii isaa warra isatti aanan hin gargaarre kamiyyuu amantii ganeera[m]; nama hin amanne caalaattis hamaa dha.

9 Niitiini dhiirsii irraa du'e tokko yoo umriini isii waggaa jaatamaa ol ta'ee akkasumas tan niitii dhiirsa tokkichaa turte taate malee maqaani isii galmee niitota dhiirsonni irraa du'anii irratti hin galmeeffamin. 10 Akkasumas hujii gaarii hojjachuun jechuunis ijoollee guddisuudhaan, keessummaa simachuun, miila qulqullootaa dhiquudhaan, warra rakkatan gargaaruun, karaa hundumaanis waan gaarii hojjachuu keessatti uf kennuudhaan maqaa gaarii qabaachuu qabdi.

11 Niitota dhiirsonni irraa du'an kanneen umrii dargaggummaa keessa jiran garuu galmee akkanaatti hin ida'ini; sababiin isaas isaani yommuu hawwiini foonii Kiristoos irraa gargari isaani baasutti deebi'anii heerumuu barbaaduutii. 12 Kanaaf isaani waan kakuu isaanii kan jalqabaa cabsaniif murtii ufitti fidu. 13 Kana malees manaa gara manaatti jooranii hujii jibbuu baratu; hujii jibbuu qofa otoo hin ta'in waan dubbachuun isaanii hin malle dubbachuudhaan nama hamatu; haajaa namaa keessas galu. 14 Kanaaf akka niitonni dhiirsonni irraa du'an kanneen umrii dargaggummaa keessa jiran carraa[n] maqaa nu balleessuu diinaaf hin kennineef ani akka isaan heeruman, akka ijoollee qabaatanii fi akka mana isaanii bulfatan nan gorsa. 15 Namoonni tokko tokko Sheexana hordofuuf jedhanii duraanuu karaa irraa goraniiru.

16 Dubartiini amantu tamiyyuu yoo niitota dhiirsonni irraa du'an maatii isii keessaa qabaatte, akka waldaani kiristaanaa niitota

[l] 7 ykn *hirdhinna;* [m] 8 ykn *mormate;* [n] 14 ykn *qoommii*

**5:11** - *Niitoota dhiirsonni isaanii irraa du'an* - Niitiin dhiirsii irraa du'e tokko gargaarsa argachuuf mirga qabaachuuf akka bara jireenna isii guutuu Kiristoos tajaajiluu malee lammata hin heerumne kakatti.

dhiirsonni irraa du'an kanneen
dhugumaan rakkattoota ta'an
gargaartuuf isaan haa gargaartuu
malee akka waldaa kiristaanaatti
ba'aa ta'an hin godhini.
17 Jaarsonni sirriitti[o] waldaa
kiristaanaa bulchan keessumat-
tuu warri hujiini isaanii lallabuu
fi barsiisuu ta'e ulfinna da-
chaa argachuu qabu. 18 Kitaabni,
"'qotiyyoo midhaan sirbsiisuutti[p]
jiru tokko afaan hin hidhin;'
akkasumas, 'mindaa[q] argachuun
hojjataaf ni mala' " jedhaatii. 19 Yoo
dhuga-baatota[r] lamaan yookiin
sadiin mirkanneeffame malee
himata jaarsa tokko irratti dhiy-
eeffamu kamiyyuu hin fudhatini.
20 Akka warri kaan sodaataniif
namoota cubbuu hojjatan fuula
nama cufaa duratti itti dheekkami.
21 Akka ati ajajawwan kanneen
garaa garummaa fi wal-caalchisuu
tokko malee eedduuf ani fuula
Waaqaatii fi fuula Kiristoos Ye-
suusi duratti, fuula maleekkota
filatamanii durattis sin gorsa.
22 Eennu irrallee harka kee
kaawuuf hin ariifatini; cubbuu
nama biraa[s] keessatti hin hir-
maatini; qulqullumaadhaanis uf -
eegadhu.
23 Sababii garaa keetiitii fi dhuk-
kuba ammumaa amma sitti ka'u
sanaatiif daadhii wayinii diqqoo
ishii dhugi malee kana booddee[t]
bishaani qofa hin dhugini.
24 Cubbuuni nama tokko tokkoo
duraan dursee ifatti muldhata;
isaan dura dabrees lafa murtii
ga'a; cubbuuni warra kaanii ga-
ruu booddee beekama. 25 Hujiin
gaariinis akkasuma ifatti muld-
hata; kan ifatti hin muldhanneel-
leen dhoffamee hafuu hin danda'u.

6 Akka maqaan Waaqayyootii
fi barsiisni keenya hin arrab-
samneef warri qaambara gar-
bummaa jala jiran hundinuu
akka ulfinni hundi gooftota
isaaniitiif malutti haa lakkaawanii[u].
2 Warri gooftota amanan[v] qabanis
sababii isaan obboleeyyan ta'aniif
ulfinna isaanii hin diqqeessin;
qooda kanaa warri tajaajila[w]
isaaniitiin fayyadaman sun waan
amantootaa fi jaalatamtoota
ta'aniif ittuma cimsanii isaani
haa tajaajilanii. Atis waan kana
barsiisi; gorsis.

[o]17 ykn *akka dansaa;* [p]18 ykn *dhawuutti;* [q]18 ykn *danfa/gatii;* [r]19 ykn *dhugeessitoota/rageessitoota;* [s]22 ykn *dhibii;* [t]23 ykn *duubatti;* [u]1 ykn *haa herreganii;* [v]2 ykn *dhugeeffatan;* [w]2 ykn *hujii*

**5:23** - *Bishaan daadhii wayiniitiin walitti areerame* - Addunyaa durii sana keessatti bishaan qulqulluu kuraa'umsa hin qabne dhuguun guddoo himbeekamu ture. Asitti Ximootewoos akka lammata bishaan qofa hindunnee, garuu daadhii Wayinii diqqoo isii itti makatee dhugu gorfame. Alkooliin daadhii bilchaataa keessaa sun bishaan qulqulleessuuf nama gargaara.

**6:1** - *Maqaa Waaqayyoo* - kakuu dullacha (moofaa) keessatti maqaan Waaqayyoo dhossaa humna Waaqayyoo ture; Maqaan sunis Muuseetti himame.

### Maallaqa Jaalachuu

[3]Eennulleeni yoo barsiisa dharaa barsiisa ta'e, yoo ajaja dhugaa kan Gooftaa keenna Yesuus Kiristoosiitii fi barsiisa nama Waaqaa ta'uuf fayyaduun ni morma ta'e, [4]Inni uf-tuulummaan guutameera; waan tokkollees hin hubatu. Innis akkuma nama maraateetti morkii fi falmii waayee jechootaa jaalata; kanaanis hinaaf-faa, wal-loluu, maqaa nama balleessuu, shakkii hamaa, [5]namoota qalbiini isaanii badee dhugaanis irraa fudhatame kanneen nama Waaqaa ta'uun waan ittiin faayi-daan argamu se'ani jidduuttis wal-dhabiinsattu dhufa.

[6]Nama Waaqaa ta'uun, "wanni ani qabu na ga'a" jechuu uf kees-saa qabaannaan kun dhugumaan faayidaa guddaa qaba. [7]Nu waan tokkollee gara biyya lafaatti waan hin fidiniif, waan tokkollee biyya lafaa keessaa fudhachuu hin dan-deennu. [8]Garuu waan nyaannuu fi waan uffannu qabaannaan nu ga'a. [9]Warri duroomuu barbaadan garuu qorumsaa fi kiyyoo keessa seenu; hawwii faayidaa hin qab-nee fi hawwii hamaa gara du'aatii fi badiisatti nama geessuun fud-hatamu. [10]Maallaqa[x] jaalachuuni madda cubbuu gosa hundumaatii; namoonni tokko tokko akka malee maallaqa jaalachuun amantii irraa badanii dhiphinna baay'een uf waraananiiru.

### Gorsa Ximootewoosiif Kenname

[11]Ati garuu yaa nama Waaqaa, waan kana cufa irraa baqadhu; qajeelummaatti, nama Waaqaa ta'uutti, amantiitti, jaalalatti, obsaa fi garraamummaatti[y] jabaadhu. [12]Lola amantii isa dansaa sana loli; jireenya barabaraa kan yeroo fuula dhuga - baatota[z] baay'ee duratti amanamummaan mirkaneessite itti waamamte sana jabeessii qabadhu. [13]Ani fuula Waaqa waan cufaaf jireenna kennuu duratti, fuula Kiristoosi kan yommuu Philaaxoos Phoonxoos duratti dhugeessetti sirriitti[a] beessise sanaa durattis, [14]Akka ati hanga dhufaatii Gooftaa keenna Yesuus Kiris-toosiitti, ajaja kana xurii fi mudaa[b] malee eeddus sin gorsa. [15]Yom-muu yeroon murteeffame sun gawuttis Waaqni eebbifamaanii fi waan hundumaatii ol ta'e, mootiini mootootaatii fi Gooftaani Gooftotaa waan kana ni muldhisa. [16]Kan hin duune isa qofa; innis ifa namni tokkoyyuu itti dhi-yaachuu hin dandeenne keessa jiraata; eennuulleen isa hin argine; isa arguus hin danda'u; ulifinnii fi humni barabaraan isaaf haa ta'uu; aamiin.

[17]Dureeyyiini addunyaa kanaa

[x]10 ykn *beessee;* [y]11 ykn *garaa toliisatti;* [z]12 ykn *dhugeessitoota/rageessitoota;* [a]13 ykn *akka dansaa;* [b]14 ykn *hirdhinna*

uf tuuluu yookiin qabeenya badu abdachuu dhiisanii Waaqa akka nu itti gammannuuf jedhee waan mara baay'isee nuu kennu sana akka abdataniif isaani ajaji.
18 Akka waan gaarii hojjatani, akka badhadhummaan isaanii hujii gaarii ta'u, akka arjooman, akka waan qabanis warra kaaniin gawuuf fedhii qabaatan isaani ajaji.
19 Isaanis karaa kanaan jireenya dhugumaan jireenya ta'e qabaachuuf jedhanii badhaadhummaa hundee[c] jabaa qabu bara dhufuuf jiruuf ufii isaaniitii-kuufatu.

20 Yaa Ximootewoos, waan imaanaa sitti kenname jabeessii eegi; haasa'a waaqni hin jaalannee fi yaada mormii kan sobaan, "beekumsa" jedhamu irraa fagaadhu.
21 Namoonni tokko tokko, "beekumsa akkasii qabna" jechuun amantii irraa badaniiruutii.

Ayyaanni isin waliin haa ta'uu.

[c] 19 ykn *yayyaba*